Inistiitiyuutii leenjii ogeessota qaamolee haqaa fi qo’annoo seeraa oromiyaa

Waliigalteewwan Qabeenya Hin Sochoonee

Sagantaa Leenjii hojii irraa

Leejistoonni:

- Misgaanuu Mul’ataa
- Abduljabbaar Huseen

Muddee,2003

Lqso/Adamaa

Kaayyoo Leenjichaa

- Xumura Leenjii Kanaa Booda Leenjifmatoonni;
  - Waa'ee waliigaltee akka waliigalaatti hubannoo qaban ni gabbifatu.
  - Ulaagaawwan waliigaltee qabeenya hin sochooneetiin walqabatee rakkoowwan jiran addaan ni baafatu
  - Formii waliigaltee qabeenya hin sochoonee ilaalchisee falmiiwwan dhihaatan irratti murtii tilmaamawwaa ta'e kennuu ni danda'u.
  - Waliigaltee qabeenya hin sochoonee diiguu fi haquudhaan walqabatee rakkoowwan jiran addaan ni baafatu.

Maalummaa Waliigaltee

- Maalummaan waliigaltee SHHL 1675(1)jalatti ibsameera.
  - ✓ Waliigalteen waltahiinsa fedhiin namoota lamaa fi sanaa olii (meetings of mind) irraa kan maddu ta'ee kan isaan dirqama kan hundeessu,jijjiiru ykn hambisuudhaaf itti waliigalanii dha.
  - ✓ *Qabiyyeen (dhimmi) waliigaltee qabeenya ykn faaydaa diinagdeetin kan walqabatuu dha* **(proprietary nature)**

- Hiikkoo kana irraa hubachuun akka danda’amutti:
  - ✓ walta’insi hundi waliigaltee miti.
  - ✓ Waliigalteen walta’insa raawwatinsa isaatiif duuba isaatiin deegarsa seeraa qabuu dha.
- Deeggarsa seeraa qabaachuuf waliigalteen tokko ulaagaawwan bu’uuraa guutuu qaba.
- Isaanis Kwt. 1678 jalatti tumamaniiru:
  - ✓ Dandeettii
  - ✓ Fedhii ykn Eeyyama
  - ✓ Dirqama(object)
  - ✓ Foormii

❖ Dandeettii:

- Kunis namootni waliigaltee raawwatan dandeettii kan qaban ta’uu qaba.
- Kanaaf, akka seera biyya keenyaatti wanti dandeettii nama dhabsiisuudhaaf sababa ta’an:-
  - ✓ Namoota umurii isaanii gaa’ila hin geenye,
  - ✓ haala sammuutiin namaa murtiidhaan dhorgaman,fi
  - ✓ seeraan dhorkaman dandeettii waan hin qabneef waliigaltee raawwachuu hin danda’an.

❖Fedhii ykn Eeyyama:

- waliigalteen tokko seeraan fudhatama argachuudhaaf fedhii ykn eeyyama namoota waliigaltee raawwataniin kan raawwatamee ta’u qaba (1679).
- Namootni waliigaltee raawwatan eeyyama kennaniiru kan jedhamu namootni waliigalticha raawwatan sun wanti ittiin dirqaman sana irratti yaadaan yoo waliigalanii (meeting of mind) fi wanta irratti waliigalan sanaan dirqamuuf eeyyamaa yoo ta’aniidha (intention obligandi).
- Namni tokko dirqama tokko malee bilisaan waliigaltee raawwachuu (freedom of contract) ni qaba. Mirgii kunis mirga seeraan kennameedha.
- Haa ta’u malee, si’a tokko tokkoo namootni waliigaltee raawwatan illee fedhiin isaanii hir’ina kan qabu ta’u ni dandaya.

❖ **Hanqinni eeyyamaa ni jira kan jedhamu:-**

1ffaa: Dogongora /Mistake/ kwt 1808 (1) fi 1696 yoo jiraate.

- **Dogongora Murteessa(decisive)** *ta'uu qaba.*
  - ✓ Kunis gareen sun silaa waliigalteetti hin seenu kan jedhamuu danda'u yoo ta'e. (1697)
- **Dogongora Bu'uura(fundamental):1698**
  - ✓ Dhimma ykn qabiyyee waliigaltee akka amantaa waliigaltootaatiin ykn akka "good faith" tiin waliigaltichaaf murteessaa ta'een yoo walqabate;
  - ✓ Dhimmi waliigaltee ija haala waliigalteen itti godhameen yoo ilaallamu murteessaa ta'een yoo walqabate;
  - ✓ ykn immoo amala (nature/ ykn dhimma (object) waliigalteetiin ykn immoo eenyummaa garee sanaatiin., kwt. 1699 fi 1700.

2ffaa: Waliigaltichi Gocha afaanfaajjessatiin yoo rawwatame (fraud),1704.

3ffaa: Sobaan (kwt. 1705).

4ffaa: Dirqamuu ykn gidiraa (kwt 1706).

5ffaa: Miidhamuu (Unconscionable Contract) kwt. 1710(2)

- **Dirqama Waliigatee (object of contract) : kew.1714-1716 fi 1713, 1717, 1718,1808(2).**
  - waliigaltee raawwatameen dirqamni uumame haala ifa ta'een ibsamu qaba.
  - Dirqamichaas raawwachuudhaaf kan dandayamu ta'u qaba.
  - Waliigalteen seera hawaasaa (Public law) fi imaammata haala faallessuun hundeefame beekumsa seeraa hin qabu.
  - dirqamichi seera qabeessaa ta'uu qaba.

❖ Foormii

- formiin dhimma muummee waliigaltichaa irraa adda ta’ee garuu, dhimma ijoo waliigaltichaa mirkaneessuuf akka haala dureetti dirqama seeraan ykn namoota waliigalticha raawwataniin taa’ee dha.
- Akka qajeeltootti waliigalteen foormii addaatiin bocamuu hin qaban (kew. 1719 (1) ,fi 1680(1).
- Foormiin addaa akka hordofamu seeraan ifaan yoo kaayame hordofuun dirqama ta’a(1719(2).
- Bu’uura kwt 1720 (1) seera duratti beekamtii hin qabaatu
- Bu’uura kew. 1719 (3) waliigaltoonni waliigalteen isaanii formii addaa akka hordofuu qabu walta’uu ni danda’u.

- **Seerri dhimmoota muraasa Foormii addaa akka hordofan kan ajaju sababoota armaan gadiitiif ta’uu ni danda’a:**
  - ✓ Ulfina fi walxaxummaa dhimma waliigaltee;
  - ✓ Raawwii waliigalteetiif yeroo gaaffatu;
  - ✓ Walgaltoonni ariitiin walta’uun fi kunis isaanirratti otoo hin raawwatin dura yeroo itti yaadan akka argatan godhuuf (precautionary role);
  - ✓ Garee waliigaltee laafaa ta’e eeguuf (protective) fi … kkf

- Bu’uura kanaan Foormiiwwan Sirnoota Seeraa adda addaa keessatti Beekaman(qabeenya hin sochoone):
  - **Barreeffamaan ta’uu (Written form):**
    - ✓ Akkuma dhimmaatti laafaa ykn cimaa ta’uu ni danda’a
    - ✓ Waliigaltoonni waliigalteen akka kabajamuu qabu beekanii hojii daldalaa saffisaa akka taasisan gargaaruuf,
    - ✓ Waliigateen akka kabajaman mirkaneessuun lamiiwwan sodaa tokko malee akka daldalatanii fi misoomaa ariifachiisaa fiduuf,
    - ✓ Biyya keenyaatti keessattuu manaaf ilaalchi jiru baay’ee guddaa waan ta’eef eegumsa laatuuf,
    - ✓ Wabummaa abbaa qabeenyumma kabachiisuuf,
      - Lamiiwwan ragaa sanadaa sobaan qophaa’een qabeenya isaanii akka hin dhabne,
      - Sirna walxaxaa ta’e malee qabeenya isaanii maallaqatti jijjiirachuu akka danda’an gochuun.

- **Mirkaneessuu (Authentication or Attestation):**
  - ✓ Mallattoo namoota waliigaltichaan dirqamaniin mirkanaa'uu kan ilaallatuu dha.Bifa lama qaba:
    - Mallattoo isaanii ragootaan mirkaneessu,fi
    - Mallattoo isaaniitii fi kan ragootaa qaama aangoo qabuun mirkaneessuu kan ilaallatuu dha.

- **Galmeessa(Registration):**
  - ✓ Sirna qaama aangoo qabu biratti galmee kanumaaf qophaa’e irratti galmeessuun waliigaltichi itti kaayamu (Deposit) dha.
  - ✓ Namoota qabeenya hin sochoone ilaalchisee waliigaltee taasisuu barbaadaniif akeekachiisa ni ta’a.
  - ✓ Sirrummaa waliigaltichaas sirritti mirkaneessuufis ni gargaara.

- **Bu’uura kanaan SHH waliigateewwan dhimmoota armaan gadii ilaallatan foormii addaatiin ta’uu akka qaban tumeera.**
  - ✓ waliigalteewwan mirgoota qabeenya hin sochooneen walqabatan muraasa;
  - ✓ waliigalteewwan mootummaa waliin godhaman;
  - ✓ Waliigalteewwan wabummaa;fi
  - ✓ Inshuraansii .

Waliigaltee Qabeenya Hin Sochoone

Waliigala

- Seera Siviili Itoophiyaa bara 1952 bahee keessatti dhimmoota hammataman keessaa tokko dhimma waliigalteetti.
- waa'een waliigaltee akka waliigalaattii(general provisions) macaafa 4ffaa keessatti kan hammatamee dha.
- waa'een waliigalteewwan addaa immoo macaafa 5ffaa keessatti hammatameera.
- Kanaaf tumaaleen seera waliigaltee waliigalaa akkuma haala isaatti raawwatiinsa waan qabaniif ulaagaawwan armaan olitti ilaalle waliigalteewwan qabeenya hin sochoones ni ilaallatu jechuu dha.

- Daangaa raawwatinsa isaaniis yammuu ilaalamu waliigalteewwan addaa ilaalchisee tumaaleen addaa akkuma jiranitti ta'ani, tumaaleen waliigalaa gurgurtaa,kiraa,kennaa fi wabummaa manaa dabalatee waliigalteewwan gosa kammiyyuu irratti raawwatinsa qabu (Kwt. 1676(1)).
- Kun immoo tumaalee addaatiin yoo wal kan hin fallessine ta'e qofaa dha,
- yoo walfaalleessan garuu qajeeltoo hiikkaa seeraa"the special prevail over the general"jedhuun kana addaatu raawwii qaba.
- Yaada kanaas seera siviili kwt. 1676 (2) jalatti…*"Nothing in this title shall affect such special provisions applicable to certain contracts as are laid down in book V of this code and in the commercial code"* jechuudhaan tumameera.

Ulagaawwan Eeyyamaa, Dirqamaa fi Dandeettii Waliigalteewwan Qabeenya Hin Sochoonee.

- Waliigalteewwan qabeenya hin sochoone akkuma waliigaltee kamiiyyuu ulaagaawwan dandeettii, Foormii,Eeyyamaatii fi Dirqama ykn Dhimma waliigaltee ilaallatan guutuu qaba jenneera.
- Foormii ilaalchisee rakkoon qabatamaan mul'atu bal'aa waan ta'eef qophatti kan ilaallu ta'a.
- Ulaagaawwan isaan kaan ilaalchisee garuu rakkoowwan hangas mara hammaataa ta'e waan hin jirreef rakkoowwan qabatamaan mul'atan dhimmootaan deeggaruun ilaaluuf yaalla.

Xiinxala Dhimmaa 4ffaa :*Waliigalteen seeraan ala kan jedhamu yoomi?*

- Dhimmi kun dhumarratti lakk. G. 35/85 ta'erratti M/M/W duraanii dhaddacha ijibbaataatiin ilaallamee dhimma murtii argatee dha.
- Himataa fi himatamtuun waliigaltee isaaniitiin himataa Qar. 40,000.00 liqeessuuf, himatamtuun immoo manni ishee waggaa 40f harka isaa akka turu waliigalaniiru.
- Bu'uura kanaan himataan Qar. Cinaa dura waan kaffaleefii kan hafe kafalee manichi harka na haa ga'u jechuun himateera.
- Himatamtuun waliigalteen kun " ወለድ አገድ" (Antichresis) kan jedhamu waan ta'eef bu'uura lab. Lakk. 47/167 tiin waan dhorgameef seera qabeessaa miti jechuun falmitee jirti.

- **Manni murtii Awuraajjaa** waliigalteen kun waliigaltee wabummaa qabeenya hin sochoooneeti (mortgage) malee “ወለድ አገድ” (Antichresis) miti. kanaaf seera dhabeessa otoo ta’eeyyuu himanni akka waliigalteetti naaf haa raawwatu kan jedhu malee naaf haa diiggamu kan jedhuu miti jechuun murteessee jira.
- **Manni murtii ol’aanaan** duraanii: himanni waliigalteen naaf haa raawwatu jedhus gareen kuun waliigaltichi ulaagaa SHHL 1678 hin guunne jechuun mormii kaasuu ni danda’a.
- Dhimma harkaa qabnuuf garuu waliigaltichi waan hin galmaa’iniif qofa hin ragaa’u jechuun sirrii miti jechuun murticha cimseera.

- **M/M/W duraanis** dhimmicha ol’iyyannoon ilaaluu aangoo hin qabu jechuun galmee cufeera.
  - ✓Waliigalteen kun waliigaltee wabummaa qabeenya hin sochooneeti moo? “ወለድ አገድ” dha?
  - ✓Waligalteen ulaagaa seeraa hin guutin akka raawwatamuuf himata dhiyaate gareen waliigaltee himatame hanqina kana akka mormiitti kaasuu ni danda’aa?
  - Murtii kana komachuun iyyannoon Dhaddacha Ijibbaataa mana murtichaatti dhiyaateera.
- Falmiin kun dhaddacha ijibbaataatiin ilaallamaa hogguu jirutti tumaan (decree) lakk. 15/82 waliigaltee “ወለድ አገድ” seera qabeessa godhu baheera.
- Garuu tumaalee cehuumsaatiin dhimmoota falmiirra jiran ilaalchisee seera raawwatiinsa qabu hin ibsine.

- Bu’uura waliigaltee wabummaa qabeenya hin sochooneetiin abbaan qabiyyummaa garee kaanitti waan hin dabrineef waliigalteen “ወለዱ አገዱ” dha.
- Bu’uura lab. lakk 47/67 tiin waliigaltichi seera qabeessaa miti.Tumaan lakk. 15/82 garuu seera qabeessa godheera.
- Gareen naaf haa diiggamu jedhu bu’uura kew. 1716(1) fi kew 1808(2) kan gaafatu yoo ta’u,
- Gareen raawwiif himatame immoo bu’uura SDFHHL 234 fi SHHL 1809 tiin mormii kaasuu ni danda’a.

- Waliigalteen seera dhabeessa ture otoo hin diiggamin seerri boodarra bahe seera qabeessa yoo godhe bu’aan isaa maal akka ta’e SHH wanti kaaye hin jiru. Tumaan lakk. 15/82 ifaan wanti ibse hin jiru.
- Kanaaf, seera kanaan murteewwan manneen murtii jalaa madaaluun ijoo dubbii manneen murtii jalaatti hin ka’in irratti murtii kennuu ta’a.
- M/M hojii murtii keenyaaf faaydaa ni qaba jechuun muuxannoo biyyoota biroo lama caqasuun waliigalticha diigeera.

- ✓ If conduct previously amounting to a legal ceases to be so, the effect of such change in the law is that future ks involving such conduct will be perfectly valid. And change after the action are generally disregarded. (G.H. Tritely)
- ✓ When the law is altered by statute while an action is pending, the rights of the parties will be decided according to the law as it existed at the time the action was commenced, unless the statute shows a clear intention to vary such rights by making its actions retrospective.
- ➢ Murtii dhaddacha ijibbaataa kana akkamitti ilaaltu?

Xiinxala Dhimmaa 6ffaa :Diiggamiinsi Waliigaltee bu'uura kew.1728(3) tiin gaafatamu bu'uura hanqina eeyyamaati moo? Foormiiti moo? Dandeetiiti moo? Sababa addaatii?

- Dhimmi kun dhimma lakk .141/82 ta'erratti ilaallamee dhaddacha ijibbaata duraanitiin murtii argatee dha. Himataan himatamtuu gogaa loonii dhiyeessuuf waliigaltee goone irratti qubaan mallatteessuun qr.24,000.00 fudhattee waan naa dhiyeessuu oolteef daldaltuu waan taateef waliigaltichaan waan dirqaamtuuf akka naaf dhiyeessitu ykn maallaqa dhala waliin naaf haa kanfaltu jechuun himateera.
- Himtamtuun ani wallaaltuu waan ta'eef bu'uuraSHHL 1728(3)tiin hin dirqamu jettee jirti.
- Manneen murtii ol'aanaa fi M/M/W mallattoon kan himatamtuu ta'uu labraatoriin mirkanaa'ee jira; gama biraatiin himatamtuun daldaltuu waan taateef kew.1728(3) raawwatiinsa waan hin qabneef maallaqicha dhala waliin haa kafaltu jechuun murteessaniiru.

- **Dh/Ij waliigaltee sanaan bu'uura kwt.1728(3)tiin dirqamuu dhabuun hanqinna formii ykn eeyyamaa ykn kan biroo ta'uu isaa ilaalchisee ejjannoo sadi sakkata'eera:**

- **1ffaa: Kew.1728(3) kutaa seeraa waliigaltee waa'ee foormii tarreessu keessatti argama waan ta'eef waa'ee foormii fakkaata.**
- Bu'uurri foormii addaa seera ykn waliigaltee(agreement) dha; seerichi garuu waliigalteen wallalaa fi qara-dhabeeyyii waliin godhamu barreefamaan akka godhamu hin ajaju.
- Wallalummaan ykn qara-dhabiinsi gama foormii waliigalteetiin iddoon kennameef hin jiru.

- Waliigaltichi barreeffamaan akka godhamu yoo ta’e mallattoon qaama aangoo qabu duratti mallattaa’uu qaba.
- Kana yoo hin ta’in mallattoodhaan hin dirqamu jechuun ykn dhiisuun filannoo nama kanaaf kennamee dha.
- Himatamtuun daldaaltuu ta’uun isii eeggumsa bu’uura kew.1728(3) tiin kennameef hin hanbisu.
- Eegumsi seeraa wallalummaan ykn qara-dhabummaan kan walqabate malee hojii isaanii waliinii miti.

- **2ffaa: Kew. 1728(3) tiin dirqamuu dhabuun formii caalaa hirrina eeyyamaatiin kan walqabatuu dha.**

- Mirgi mallattoo sanaan dirqamuu fi dhabuu filannoo nama kanaaf kennamee dha. Kanaaf filannoo isaanii bu'uura SHHL 1814(1) tiin beeksisuu ni danda'u.
- Waliigalteen bu'uura gaaffii nama miidhame jedhu qofaan dhiyaatuun kan diggamu bu'uura. Kew.1808(1) tiini kanaaf wallallummaan hanqinna dandeettii osoo hin ta'in hirrinnaa eeyyamaatti kan dhiyaatuu dha.
- Kew.1728(3) mallattoon qofa gahaa miti; waltahiinsi waliigaltee inni irratti mallatteesseef kan dubbifameef garagara ta'uu hubachiifamuu qaba.

- ✓ Seerichi kanaaf qaama sana duratti akka mallattaa'u kan ajaju. Wanti inni eeyyama kenneef kan irratti mallatteesse garagaraa ta'uu ni danda'a.
- ✓ Biyyoota birootitti tumaan akka kew.1728(3) kutaa seerichaa eeyyamummaa ilaallatu keessatti argama.
- ✓ G. Krzeczunowicz: "Art 1728(3)….shall not bind him …… denotes that the the person alone is protected; his position is thus, similar to that of a person who gave defective consent . Kanaaf, sirni kwt 1728(3) jalatti ibsame foormii kan ilaallatu miti amantaa jedhu kan cimsudha.

3ffaa:sababa of danda'e waliigalteen ittiin diiggamuu kan biraatii dha.

- Biyya keenyatti kew. 1728(3) kutaa seerichaa waa'ee hirrina eeyyamaa tarreessuu (kew.1696-1710) ala taa'uun isaa bu'uura kanaan(defect in consent) mormiin akka ka'u fedhii seerichaa hin fakkaatu.
- Kanaaf kew.1728(3) sababa addaa of danda'e dirqama hanbisu akka ta'etti hubatama.
- Akuma hirrina eeyyamaa ykn hirrina dandeetti sababa of danda'e waliigalteen ittiin diiggamuu dha.
- Waliigaltichi bu'uura kew.1808(1) tiin waan diiggamuuf bu'aan isaanii tokkuma.
- Dabalataan kew. 1728(3) sababa bu'uura SHHL 1809 tiin mormiin ittiin ka'u ta'uus ni danda'ama.

MARII

- Ejjannoowwan armaan olii keessaa isa kamitu fudhatama qaba jettu? Maaliif?
- Sababoota seeraan ifatti tarreeffamaniin ala waliigalteen diiggamuu ni danda'aa?
- Kew.1728(3) fi 1808(1) fi (2) waliin akkamitti ilaallama?

Ulaagaa Foormii Waliigalteewwan Qabeenya Hin Sochoonee

Foormii Waliigaltee Gurgurtaa Qabeenya Hin Sochoone

- Maalummaan waliigaltee gurgurtaa seera siviili kwt.2226 jalatti hiikkoon itti kennameera.
- Tumaan seeraa kunis *"a contract whereby one of the parties, the seller, undertakes to deliver a thing and transfer its ownership to another party, the buyer, in consideration of a price expressed in money which the buyer undertakes to pay him"*
  - ✓ gurgurataan immoo qabeenyichaa fi abbummaa qabeenyichaa bitataaf harkaan gahuu fi dabarsuuf, bitataan qarshii kaffaluuf;
  - ✓ bitataan gurgurataa irraa meeshaa harka galfatuuf hanga gatii kaffaluu qarshiidhaan tilmaamamee waliigalticha irratti ibsamu akka qabu hubachuu ni dandayama

- **Gurguratan dirqamoota armaan gadii qaba.**
  - Dirqama qabeenya gurguree bitataa harkaan gahu(Kwt.2273).
  - **Dirqama abbummaa qabeenya gurguree bitataatti dabarsuu (Kwt.2281-2286) fi**
    - **Miiltoo 10ffaa, Muluu Vs Tsahaay**
  - Dirqama hir'ina qabeenya gurgureef wabii ta'uu (Kwt.2287-2300).
- **Dirqamni bitataa immoo:**
  - Gatii qabeenyicha bitatee kaffaluu (Kwt.2303)
  - qabeenya bitate harka galfachuu (Kwt.2278).

- Waliigalteen gurgurtaa qabeenya socho’uu fi hin sochoone ilaallata.
  - ✓ waliigalteen gurgurtaa qabeenya socho’uu keewwata 2226-2426
  - ✓ Kwt.2875-2895 immoo waliigaltee gurgurtaa qabeenya hin sochoone ilaallata.
- Bu’uura kwt. 1130 tiin qabeenyi hin sochoone lafaa fi mana.
- Bu’uura HFDRI kwt. 40 tiin lafti hin gurguramu, hin jijjiiramu.
- Kanaaf tumaaleen kunniin mana qofa ilaallatu jechuu dha.

- Waliigaltee gurgurtaa qabeenyoota socho’an addaa ilaalchisee garuu seeroota biroo keessatti waa’ee galmeessa fi abbaa qabeenyummaa dabarsuu (registration and transfer of title deed) tumaaleen ilaallatan raawwatinsi isaanii kan eegamee akka ta’e tumameera (Kwt.2267(2) fi 1186(2)).
- Akka waliigalaattii waliigalteen gurgurtaa haala duree formii gosa tokko kaayu baatuus qabeenyoota socho’an addaa ilaalchisee waliigalteewwan gurgurtaa raawwataman seera fuula duratti fudhatama akka argataniif barreeffamaan godhamuu fi ulaagaa galmeessa (registration requirement) dirqama guutu qabu.

Xiinxala Dhimmaa

- Dhimma M/M/W/F tiin ilaallamee lakk.G. 5053/93 ta'erratti murtii argatee dha.
- Himataan konkolatan himatamaa konkolaataa kiyya dhawee miidhaa waan dhaqabsiiseef beenyaa naaf haa kaffalu jechuun M/M/S/duraatti himateera.
- Himatamaan himataan waligaltee bittaa fi gurgurtaa dhiyessus libreen konkolaatichaa maqaa nama biraatiin waan jirtuuf sababaa himanichaaf ka'uumsa ta'e hin qabu waan ta'eef himachuu hin danda'u jechuun falmeera.

- **M/M/S/D**uraa “Konkolaataan qaama aango qabu biratti maqaa nama biraatiin waan jiruuf himataan mirga himachuu hin qabu” jedhera.
- **M/M/O/F** immoo “Himataan konkolaataa nama biroo irraa bituu waan hubachiiseef abbaan qabeenyummaa maqaa isaatiin waan hin galmaa’iniif M/M jalaa himachuu hin dandeessu jechuu hin qabu” jechuun murticha diigeera.
- **M/M/W/F** “Abbaan qabeenyummaa karaa ittiin darbu keessaa waliigalteen ulaagaa seeraa guute isa tokkoo dha. Qabeenya sochaa’aa addaa (special moveable) ilaalchise immoo haala addaatiin akka ta’e SHHL 1186(2) ni tuma.

- Konkolaataan qabeenya socho'aa addaa waan ta'eef seerri addaa bara 1961 baheera. Kunis "**legal Notice No. 360/61**" dha. Bu'uura seera kana kew. 4 tiin waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa dirqama
- Abbaan qabeenyummaas kan darbu bu'uura kew. 8 tiin maqaan kan duraa yoo jijjiiramee dha. Kanaaf waliigalteen qofti abbaa qabeenyummaa hin dabarsu.
- Garuu himataan bu'uura waliigaltee saniitiin konkolaaticha qabatee itti fayyadamaa jira.
- Bu'uura SHHL 1140 tiin mirga abaa qabiyyummaa ni qaba jechuu dha. Kanaaf himachuuf mirga ni qaba" jechuun murteesseera.
- **Murtii M/M kamitu dhama qabeessa?**
- **Garaagarummaan murtii M/M/O fi M/M/W maali?**

- **Tumaalee Seeraa waliigaltee gurgurtaa manaa irratti raawwatiinsa qabaatan:**
  - Tumaalee waliigalaa seera waliigaltee(1676(1)
  - Tumaalee seera qabeenyaa,(kwt.1185,1553)
  - Tumaalee addaa qabeenya socho’aa,(kwt.2875)
  - Tumaalee addaa Qabeenya hin sochoonee (kwt.2877-2895)

- **Foormii Waliigalteen gurgurtaa manaa** :
  - SHHL 1719-1727,2877 fi 2878 jalatti tumameera.
  - Tumaalee waliigalaa fi tumaalee addaa gurgurtaa qabeenya hin sochooneetiin kan qajeelfamuu dha.
    - kwt.1719-1727 jiran tumaalee waliigalaati.
    - Kwt.2877 fi 2878 tumaalee addaatti.

❖ Tumaalee Waliigalaa kwt. 1719 fi 1720

- ✓ Gareen waliigaltee haala adda ta'een seeraan yoo daangeeffaman malee haala barbaadaniin waliigalteen godhan kan ragga'uu dha. **kwt. 1719**
- ✓ waliigalteen formii seeraan ajajame hordofuun hin raawwatamne akka wixinee qofatti kan lakkaawwamu fi bu'aas akka hin qabnee dha. **1720**
- ✓ Dambileen taaksii fi beeksiisaa ykn galmeessa formii keessatti kan hammataman ta'us bu'aan isaanii ifatti yoo tumame malee ragaa'uu waliigaltichaa kan hin tuqne ta'uu isaa hubachuun ni dandayama. **1720**

- **Tumaa Waliigala kwt.1723**
  - Qabeenya hin sochoone irratti:
    - ✓ mirga abbaa qabeenyummaa ykn
    - ✓ mirga faayida alaabaa ykn
    - ✓ qabannoo (wabummaa) ykn
    - ✓ mirga tajaajila kiraa hundeessuuf ykn dabarsuuf waliigalteewwan godhaman haala akkamiin godhamuu akka qaban tumaameera.
  - Bu'uura sanaan yoo hin godhamin garuu bu'uua isaa maal akka ta'e hin ibsamne.
    - ✓ **Madda rakkoo qabatamaan mul'atus kan ta'es kanuma.**

- Waraabbii Afaan Amaaraa:በጽሑፍና በሚገባ አኳኋን በፍርድ ቤት መዝገብ ወይም ውል ለማዋዋል ሥልጣን በተሰጠው ፊት መሆን አለባቸው።
  - ✓ Barreeffamaan ta’uu(Written form) fi
  - ✓ Mana galmee M/M ykn qaama waliigaltee waliigalchisuuf aangoo qabu duratti godhamuudha(Authentication)

- Waraabbii Afaan Ingiliffaa: **shall be in writing and registered with a court or notary.**
  - Barreeffamaa (Written Form)
  - Galmeessuu (Registration)
- Bu’uura kanaan ulaagaa mirkaneessuu (authentication) kan ajaju waraabbii Afaan Amaaraa qofaa dha.
- **Kanaaf Waraabbii Isa kamitu fudhatama qaba?**

❖ Tumaa Addaa:kwt.2877

- kwt.2877 gareewwan lamaan jidduu waliigalteen seera fuula duratti gatii qabu ykn ragga'ee jiraachuudhaaf ulaagaa guutamuu qabu kan ilaallatuu dha.
  - ✓ Bu'uura kanaan kwt.2877 jalatti waliigalteen gurgurtaa manaa barreeffamaan yoo godhamu baatee diigamaadha jechuun tumameera.
  - ✓ ulaagaan kun immoo hundeeffama waliigaltichaa (formation of the contract) kan ilaallatu akka ta'ee hubachuun ni dandayama.
  - ✓ Kanaaf kwt. 2877 jalatti waliigalteen gurgurtaa manaa formii akkamiin godhamu akka qabu qofa osoo hin taane waliigaltichi formii seerrii ajajeen yoo raawwatamu baatee bu'aan isaa maal akka ta'ee tumameera.

MARII

- SHHL 1723 fi 2877 waliigalteen gurgurtaa qabeenya hin sochoonee barreeffamaan akka ta’uu qabu ni tumu,
- SHHL 2877 jalatti bu’aan kana raawwachuu dhabuu tumameera,SHHL 1723 jalatti garuu hin tumamne,
- **Tumaaleen kunniin walitti ni bu’uu?**
- **Lameenuu walbira hojirra oolchuu ni dandeenyaa?**
- **Muuxannoon gama kanaan qabdan maal fakkaata?**

❖ Tumaa Addaa 2878

- kwt.2878 immoo waliigalteen garee sadaffaa irratti bu'aa akka qabaatuuf ulaagaa guutuu qabu kan ilaallatuudha.
  - ✓ kwt.2878 jalatti waliigalteen gurgurtaa manaa iddoo qabeenyi jirutti galmee qabeenya hin sochooneetti yoo galmaa'uu baatee gareewwan sadaffaa biratti bu'aa argamsiisuu akka hin dandeenyee tumameera.
  - ✓ Kanaaf kun ulaagaa hundeeffama waliigaltichaa ilaallatuu miti.
  - ✓ Kana jechuun waliigalteen gurgurtaa seera fuulduratti kan ragga'ee ta'uudhaaf galmeessii (registration) ulaagaa barbaachisuu miti.
  - ✓ Waliigalteen gurgurtaa manaa ulaagawwan guutuu qabu kan biroo hanga guutee jirutti galmaa'uu dhabuun isaatiin hanqina akka qabutti hin fudhatamu.

- Walummaagala waliigaltee gurgurtaa manaa formii akkamiin godhamu akka qabu sirriitti hubachuuf tumaalee waliigalaa fi addaa kana walbira qabuun xiinxaluun barbaachisaadha.
- Haaluma kanaan,
  - **Tumaaleen seeraa lamaanu waliigalteen gurgurtaa manaa barreeffamaan godhamu akka qabu gaafatu.**
    - ✓ Waliigalteen gurgurtaa manaa barreeffamaan yoo godhamu baatee diiggamaa akka ta'ee tumaalee addaa keessatti tumameera (Kwt.2877**).(Special provision)**
  - **Tumaalee waliigalaa keessatti M/M ykn qaama aangoo qabu duratti godhamu akka qabu tumameera (Kwt.1723).**
    - ✓ Mata dureen tumaa seeraa kanaa waliigaltee qabeenya hin sochoone jedha. **(General provision)**
    - ✓ Haa ta'u malee, akkaataa kanaan yoo raawwatamuu baatee bu'aan isaa maal akka ta'ee wanti ibsame hin jiru.

Rakkoowwan Qabatamaa

- kunis waliigalteen gurgurtaa manaa qaama waliigaltee waliigalchisuuf aangoo qabu duratti yoo godhamu baatee seera duratti gatii hin qabu fi gatii ni qaba hiikkoowwan jedhanii dha.
- **Gaaffiiwwan kanaan walqabatani ka'an:**
  - ✓ waliigalteen gurgurtaa manaa kan ragga'e ta'uudhaaf akka seeraatti ulaagawwan guutuu qabu maali?
  - ✓ Formii waliigaltee gurgurtaa manaa ilaalchisee tumaalee waliigalaa fi addaa jidduu garaagarummaan jira? moo hin jiru?
  - ✓ Garaagarummaan jira kan jedhamu yoo ta'ee tumaaleen kun walfaalleessuu?
  - ✓ Wal-faalleesan kan jedhamu yoo ta'ee haala kamiin hojii irra oolchuun danda'ama?

Ejannoo 1ffaa:Qaama Waliigaltee Waliigalchisuuf Aangoo Qabu Fuulduratti Yoo Godhamuu Baate Gatii Hin Qabu

- **Dhimma 1ffaa fi Murtii sagalee caalmaa Dhimma 2ffaa ilaallata**
  - ✓ waliigalteen gurgurtaa manaa barreeffamaan godhamu akka qabu S/S/kwt.1723(1) fi 2877 jalatti tumameera.
  - ✓ waliigalteen gurgurtaa manaa seera fuula duratti kan ragga'ee ta'uudhaaf bu'uura S/S/kwt.1723(1) godhamuu qaba.
  - ✓ Kunis S/S/kwt.1723(1) jalatti kwt.2877 irraa haala adda ta'een ulaagaa dabalataa waliigalteen gurgurtaa manaa guutuu qabu tumamee jira.
  - ✓ Kana waan ta'eef, waliigalteen gurgurtaa manaa seera fuula duratti gatii qabaachuudhaaf ykn kan ragga'e ta'uudhaaf barreeffamaan ta'u isaa qofa gahaa miti. Ulaagaa SHHL 1723 jalatti ibsame guutuu qaba.

- Ulaagaan dabalataa S/S/kwt.1723(1) jalatti tumame kun akka kan SHHL 2878 jalatti tumamee galmeessa waliigaltee (registration) osoo hin taane mirkaneessa waliigaltee (authentication) kan ilaallatuu dha.
- Galmeessii fi mirkaneessi waliigaltee garaagarummaa qaba.
- Kana waan ta'eef, ulaagaan mirkaneessaa waliigaltichaa S/S/kwt.1723(1) jalatti tumamee isa seera siviili kwt. 2878 jalatti tumamee wajjiin tokko miti.
- Bu'aan ykn kaayyoon isaanis garagara.
  - Bu'uura kwt.2878 tiin kan galmaa'u garee sadaffaa irratti bu'aa akka qabaatuufi.
  - Mirkaneessi bu'uura kwt. 1723 tiin kan taasifamu ragga'iinsa (validity) waliigaltichaatiifii dha.

- **Garuu formii waliigaltee gurgurtaa manaa ilaalchisee SHHL 1723(1) fi 2877 jidduu garaagarummaan ni jira.**
  - ✓ Caaseffama tumaalee seeraa waliigaltee hogguu ilaallamu Kwt.1723(1)) kutaa waliigalaa,kwt.2877 immoo kutaa addaa keessatti argamuu.
  - ✓ Bu'uura qajeeltoo hiikkoo seeraatiin tumaalee seeraa addaatii fi tumaalee seeraa waliigalaa yoo walfaalleessan tumaalee seeraa addaa caalamaa ykn dursa raawwatiinsa akka qaban ni hubatama.
  - ✓ Kunis tumaalee seeraa lamaan walitti araarsuudhaan hojii irra oolchuu kan hin danda'amne yoo ta'ee dha.
  - ✓ Gaaffiin asirratti ka'u garuu **tumaaleen seeraa waliigalaa fi addaa formii waliigaltee gurgurtaa manaa ilaallatan kun walfaalleessuu?** kan jedhudha.

- Tumaalee kanneen walitti araarsuun hojii irra oolchuun ni danda’ama.
- Kanaaf waliigalteen ulaagaa kwt.1723 jalatti tumamee yoo guutuu baate akka kwt.1720(1) tii akka wixineetti kan ilaalamuun alatti waliigaltee ragga’ee hin ta’u jedhu.
- Kan kwt. 1720(3),1723 fi 2878 garaagarummaa ni qabu:
  - ✓ Kan kwt. 1720(3) jalatti tumamee akkuma kwt.2878tii waliigalticha beeksisuu kan ilaallatuu dha.
  - ✓ Garuu galmeessi bu’uura kwt.2878 tiin taasifamu waliigalteen ragga’aan erga godhameen booda gochaawwan beeksiisaa raawwatamuu qaban kan ilaallatu malee hundeessa waliigalteef wantoota barbaachisoo ta’an kan ilaallatuu miti..
  - ✓ Kan kwt.1723 jalatti tumamee immoo waliigaltee hundeessuuf wanta barbaachisaa ta’ee dha.

- **Walummaagalatti:**
  - ✓ waliigalteen gurgurtaa manaa seera fuula duratti gatii qabaachuu kan danda’u barreeffamaan hogguu godhame qofa osoo hin ta’in
  - ✓ waliigaltichi qaama waliigaltee waliigalchisuuf aangoo qabu ykn mana galmee mana murtii fuula duratti yoo raawwatame ykn godhamee qofaa dha.

- **oggeessonni seeraa hiikkoon Dh/Ij kun gaarummaa qaba jedhanis yaada dabalaataa kennaniin :**
  - ✓ M/M seera barreeffame hojii irra oolchuu waan qabaniif kallattii kanaan hiikkoon seera dhaddacha ijibbaataa fudhatama kan qabuudha.
  - ✓ Hiikkoon seeraa kun raawwatiinsa mirga bitaa fi mirgaaf wabii fi faayidaa kan qabuu dha.
  - ✓ Bitaa fi mirga jiddutti falmiin waliigalteen ni jira moo hin jiru jedhu yoo ka'u waliigalteen jiraachuu isaa haala salphaa fi amansiisaa ta'een mirkaneessuuf ni fayyada.
  - ✓ hiikkoon kun waliigalteewwan qabeenya hin sochoone ilaallatan gochaawwan gowwoomsuu, humnaa fi dhibbaa irraa bilisa akka ta'an ni gargaaraa.
  - ✓ hiikkoon kun mirga garee sadaffaa eeguuf ni gargaaraa.

Ejjannoo 2ffaa: Qaama Waliigaltee Waliigalchisuuf Aangoo Qabu Fuula Duratti Godhamu Baatuus Gatii ni Qaba

- **Sagalee xiqqaa Dhimma 2ffaa.**
  - **1ffaa:** galmaafi kaayyoo bu'uuraa tumaalee waliigalaa seera waliigaltee seera baaftuun galmaan ga'uu barbaade waliin(**SHHL 1723 ilaallata**). kunis
    - ✓Sonawwan, adaa fi baratamaa hawaasaa walqunnamtii waliigaltee ilaallataniif beekumsa seeraa fi eeggumsa kennuu,
    - ✓Raawwatiinsi tumalee seera waliigaltee keenya duudhaalee addunyaa irratti fudhatama qabaniin qajeelfamaanii gama amayyuumaatti ce'uu qaban.
    - ✓Kana galmaan gahuuf jecha tumaalee seera waliigaltee gosa sadii qaban tumamaniiru. Isaaniis:

- **Tumaalee waliigaltee hayyamoo (Permissive provision of the law)**
  - ✓ bilisummaa gareewwan waliigaltee godhan eeguudhaan tumaalee dirqisisummaa hin qabnee fi filannoodhaan tumamanii dha.
- **Tumaalee waliigaltee dirqisiisoo (Mandatory provision of the law of contract)**
  - ✓ Isaan kun kan gareewwan waliigaltee godhan guutuu kan qabanii fi dhiisuu kan hin dandeenyee fi tumaalee waliigaltee dirqisiisoo ta’anii dha.

- **Tumaalee waliigaltee qajeelchoo (Directory provision of the law of contract) dha.**
  - ✓ Isaan kun immoo tumaalee bifa ajajaatiin tumamanii fi tumaalee qajeelchoo ta'anii dha.
  - ✓ **Directory provision** is statutory or contractual sentence or paragraph in which a directory requirement appears.
  - ✓ **Directory requirement** is statutory or contractual instruction to act in a way that is advisable, but not absolutely essential - in contrast to a mandatory requirement.
  - ✓ A directory requirement is frequently introduced by the word *should or, less frequently, shall (which is more typically a mandatory word)*.
  - ✓ Tumaaleen qajeelchoo kun osoo hin kabajaminii ykn hin guutamiin yoo hafan dirqamootaa fi mirgoota bu'uura waliigaltichaan hundaa'aan bu'aa maleessa yookiin diiggamaa hin godhan.
  - ✓ ***Tumaan seera siviili kwt.1723(1) tiis tumaa qajeelchoo dha malee tumaa seeraa dirqisiisaa miti.***

- **Kanaaf :**
  - **SHHL 1723(1) waliigaltichi mana galmee mana murtii ykn qaama waliigaltee waliigalchisuuf aangoo qabu fuula duratti godhamu qaba jedha malee haala kanaan godhamu dhabuun isaa waliigalticha bu'aa maleessa ykn diigamaa gochuu isaa hin tumu.**
  - seera tumtuunis yeroo sana turee haala qabatamaa biyyittitiin dhaabileen sirriitti haala gurmaayanitti tumaa SHHL 1723(1) tumaa qajeelchoo gochuuf malee yaada tumaa dirqisiisoo gochuu hin qabu.

- **2ffaa: walqunnamitti SHHL 1723 kwt.2877 fi 2878 wajjiin qabu qorachudha.**
  - Akka SHH kwt.2877 ti waliigalteen abbaa qabeenyummaa qabeenya hin sochoone dabarsu(gurgurtaa manaa) barreeffamaan yoo godhamuu baate kufaa dha jechuun bu'aa walii kaayeera.
  - Kanaafuu, tumaan kun bu'aa waliin kan taa'ee waan ta'eef tumaa dirqisiisoo dha.
  - Waliigaltichi M/M ykn qaama waliigaltee waliigalchisuuf aangoo qabu fuula duratti godhamu dhabuun isaa bu'aan isaa kan hin ibsamne waan ta'eef dirqisiisoo miti.
  - Tumaaleen SHHL 2877 fi 2878 tumaalee dirqisiisoo waan ta'aniif, kwt.1723(1) amala qajeelchoo qabu caala raawwatinsa qabu.
  - Kanaafuu, ulaagaan qaama waliigaltee waliigalchisuuf fuula duratti godhamu seera siviili kwt.1723 irratti tumamee guutamu dhabuun isaatiin sababni waliigaltichi itti diiggamuuf hin jiru.

- **3ffaa: waliigalteen qabeenya hin sochoone mana murtii yookiin qaama waliigaltee waliigalchisuuf aangoo qabu fuula duratti yoo godhamu baatee bu’aan isaa maal ta’u qaba kan jedhuu dha.**
  - SHHL 1723 jalatti ulaagaan tumamee guutamuu dhabuun isaa waliigalticha diiggamaa ykn bu’aa maleessa gochuun osoo hin taane waliigaltichi jalqabumarraa akka hin godhaminiittii fi akka sanada wixineetti lakkoofsiisa jechuudhaan murtiin sagalee caalmaatiin kennamee sirrii miti.
  - Guduunfaa kana irra gahuu kan danda’anis tumaa seera siviili kwt.1723 akka qajeelchootti osoo hin taane akka tumaa seeraa dirqisiisooti fudhachuudhaani.
  - Waliigalticha bu’aa dhabsiisuun yaada seera baaftuu irraa kan jalatte waan ta’eef hiikkoo seeraa sirrii miti.

- **4ffaa: isa sadaffaa wajjiin kan walqabatu hogguu ta'u, qabiyyeen isaas bu'uura seera siviili kwt.1723 waliigalteen hin godhamiin akka wixineetti ilaallama hiikkoon jedhu rakkoowwan baay'eedhaaf sababa ta'uu isaa,**
  - ✓ Sanadichi wixineedha jechuun himanaan yoo dhihaatu mirga himachuu hin qabdan jechuun himatichi akka haqamu taasisa;
  - ✓ Sanadichi wixineedha erga jedhame seera siviili kwt.1845 kaasuudhaan falmuun rakkisaa akka ta'u taasisa;
  - ✓ Guutumaa guutuutti wixineedha yoo jedhame bitaa fi mirga iddoo duraan jiranitti deebisuun rakkisaa dha.
  - ✓ Kanaaf hiikkoon seeraa kun akka sagalee caalmaatti yoo itti fufe rakkina kan uummuu dha.

- **5ffaa: Hiikkoo Waliigaltee kabachiisuu niti.**
  - ✓ gareewwan lamaan waliigalticha mallatteessuu irra darbani bu’uura waliigaltichaatiin dirqamoota murtaa’an bahanii osoo jiran,
  - ✓ waliigaltichi wixinee dha jechuun ,waliigaltee dhugoomsuu fi kabachisuu osoo hin taane rakkinaaf saaxiluu dha.
  - ✓ kanaaf sirreeffamu qaba kan jedhuu dha

Yaada Ogeessota Seeraa Ejannoo Sagalee Xiqqaa Deeggaran:

- Ejjannoon Dh/Ij dhimma 1ffaa yaada seera baaftuu miti.
  - ✓ Seera baaftuun qaamolee haala kanaan hojjatan SHH keessatti hin hammachiifne ykn danbiin bahe hin jiru waan ta'eef hiikkoo sagalee caalmaa hordofuun nama dhiba,
- Hanga bara 1999 m/m keenya ejjannoo 2ffaa hordofaa waan turaniif murtii tilmaamamaa akka hin kennamne godha.

- **hiikkoon seeraa manneen murtii kennan mirga lammiilee kan kabachisuu; nageenya dinagdee fi hawaasummaa kan deeggaruu fi misooma kan jajjabeessuu ta'uu qaba.**
  - ✓ Bu'aa hiikkoo seeraa kun namootni waggootaan dura waadaa waliigaltee seenaniif amanamoo ta'u dhabudhaan wal-himachuu hordofisiiseera.
  - ✓ Gama baankootaa fi maayikiroo interpriziitiin qarshii uummataa liqeessani wabummaadhaan qabeenya hin sochoone qabatan irratti gaaffiin waliigalteen naa haa diigamu uummeera.
  - ✓ Kana irraa kan ka'ee hiikkoon kenname hanga seera foyyeessuu geessisseera.
  - ✓ Namootni sirna haqaa irratti amantaa guutuu akka hin qabaane godheera.
  - ✓ Walummaagalaa, hiikkoon seerichaa….social crisis hordofisiiseera.

- **sirni galmeessuu guutamu dhabuun isaan jiddutti waliigaltichi kan ragga'uu akka hin taaneef sababa ta'u hin danda'u.**
  - ✓ Kanaaf jecha waa'ee formii waliigaltee seerichi kwt. 1720 gubaatti yammuu kaa'uu karaa biraatiin ifaan yoo tumamee jiraatee malee taaksii fi dambilee galmeessaa guutamu dhabuun isaanii waliigalticha kan diigamu hin godhu jechuun ifatti tumameera.
  - ✓ Jean Mark Braises SHH fooyyessuun qorannoo taasisaniin" ….Concerning tax and publicity formalities, such as the necessity to file a custom declaration or the registration rules linked to the sale of cars or immovable's,**these are not as rule a formal requirement and can't be a cause of nullity of the contract**, except an express provision to the contrary" jechuun barreessaniru

- Wixineessaan seerichaa proffeessar Rene David dambii kana kan tuman akka seera qabeessummaa waliigaltichaaf osoo hin taane akka dambii galmaa'uutti akka ta'e ifatti kaayaniru.
  - ✓ G. Krzeczunowicz, "If registration prescribed under art 1723 is not made, the contract is valid between the parties.
  - ✓ According to art 1720(3) and 1723, the purpose of registration is to increase the K's probative and executive force and provision of 3rd parties as means of ascertaining the existence and scope of the K".

- Labsii lakk. 334/95 kwt. 5(1)(a) bu'uura seera rogummaa qabuun sanadootni mirkanaa'uu fi galmaa'uu qaban yoo galmaa'uu baatan bu'aa seera qabeessaa akka hin qabne tumameera.
- Fakkeenyaaf, waldaan daldalaa yoo galmaa'uu baatee fi beeksiisni itti ba'u baatee bu'aa hin qabu jedhame seera daldalaa keewwata 223 jalatti tumameera
- Kunis isa seera sivili keewwata 1720(3) irratti '' Akkasumas tumaan faallaan yoo jiraatee (Unless otherwise provided)'' jedhame isa ibsame jiruuf kun fakkeenya tokko.
- Dambilee taaksii ykn galmeessuu osoo hin guutiin waliigalteen godhame bu'aan hin qabu jedhamee SHH keessatti tumamee hin jiru.

- Bu’aa ilaalchisee tumaan dirqisiisaan haala hin jirree keessatti ammoo taaksii fi dambiilee galmeessaa formii seera qabeessummaa waliigaltee osoo hin taanee waliigalticha dhugoomsuuf fi gahumsa raawwatiinsa dabaluuf dambii taa’eedha.
- Waliigalteen galmaa’ee fi hin galmaayiin yeroo jiraatanis madaalli ragaatiin ilaalame waliigaltee galmaa’ee jiruuf dursa kennamuufi ala waliigaltichi yoo xinnaatee gareewwan lamaan jidduu walqunnamtii jiruuf guutummaan guutuuti bu’aa hin qabu jechuun hin dandayamu.

- Seera sivili kewwata 1723 irratti waliigaltichi mana galmee mana murtii yookiin qaama waliigaltee waliigalchisuu fuula duratti godhamu qaba jechuun isaa galmeessuu sammuu keessatti qabateeti.
- Waraabbii Afaan Ingiliffaa galmeessuu(registration) akka ta’e ifaan kaayeera.

MARII

- Ejjannoo Isa Kamitu dhama qabeessa?
- Bu’uura seeraa kan qabu isa kamii dha?
- Muuxannoon gama kanaan qabdan maali?

- **Murtiiwwan Dh/Ij wal simuu dhabuu.**
- hiikkoon seeraa dhaddachi kun kennaa jiru isaan duraanii wajjiin kan walsiman waan hin taaneef amansiisummaan isaa xiqqaa dha.
- Bu'uura qajeeltoo hiikkoo seeraatiin ejjannoon hiikkoo seeraa walfakkaatummaa qabaachuu qaba.
- Kun immoo hojimaata dhaddacha ijibbaataa tilmaamawaa akka hin taane godha.
- **Mee Murtiiwwan Dhimma 1ffaan booda kennaman haa ilaalluu.**

- **1ffaa:Darbiinsa Yeroo ilaalchisee hiikkoo boodarra kenname.**
- Waliigaltee Foormii armaan olii hin guutin akka diiggamu himannoon yoo dhiyaatee fi darbiinsa yerootiin kan daangeffamu yoo ta’e mormii darbiinsa yeroo ilaalla moo?Isa foormii ilaalla?
- Mormii sadarkaa duraatiin darbiinsa yerootiin kan daangeffamu yoo ta’ee fi m/m bu’uura sanaan yoo murteesse waliigalticha seera qabeessa gochuu hin ta’uu?
- Murtii Dh/lj Dhimma tokkoffaa jalatti waliigaltichi bu’aa hin qabu (void) jechuun murteesse waliin akkamitti ilaallama?

❖ Dhimma 3ffaa

- Akka hiikkoo seeraa Dh/Ij kun kenneetti waliigalteen tumaa S/S/kwt. 1723(1) fi Lakk. G. 21448 ta'erratti Ebla 30/1999 hiikkoo seeraa tumaa kanaa dhaddachi ijibbaataa kennee kan hin guutnee ta'uus,
- waliigaltichi foormii kana kan hin guunne ta'uu isaatiin gaaffiin waliigalteen naa haa diiggamu jedhu yammuu ka'uu duraan dursee gaaffiin darbiinsa yeroo ilaalaamuu akka qabuu fi himatichi bu'uura seera siviili kwt. 1845 darbiinsa yeroo waggaa 10 daangeffamuu akka danda'uu hiikkoo seeraa itti kenneera.

Hiikkoo seeraa dhaddacha ijibbaataa kana irraa:

- ✓ Qabeenya hin sochoone dabarsuuf waliigalteewwan godhaman qaama waliigaltee waliigalchisuuf aangoo qabu ykn mana murtii fuula duratti godhamu /raawwatamu dhabuun isaanii jalqabuma waliigalteen hin jiru (void) kan hin jechisifnee fi waliigaltichi diigisiisuun dandayamu (voidable contract) ta'u isaati.
- ✓ Gaaffiin waliigalteen naa haa diigamu jedhu ka'ee waliigaltichi akka diiggamu yoo murtaa'e malee bu'uura waliigaltichaatiin gareewwan waliigalticha qabeenya harka isaanii godhatan gad lakkisuu akka hin qabne fi mormii sadarkaa duraa darbiinsa yerootiin falmuudhaan mirga qabeenyaa isaanii kabachifachuu ni agarsiisa,
- ✓ Ejjannoon hiikkoo seeraa kun waliigaltichi ulaagaa kana guutuu baatuus gama tokkoon bu'aa kan qabu ta'u isaatii fi gaaffiin formii falmii hundee irratti kan ka'u ta'u isaa ni hubachiisa.

2ffaa: M/M ofumaa ni kaasaa? sababa himannoo? Jirachuun waliigaltee falmii yoo hin kaasin?

- Waliigaltee foormii kwt. 1723 hin guutin ilaalchisee falmitoonni akka ijootti yoo hin kaasin m/m ofumaa kaasuu ni danda'aa?
- Waliigaltoonni jiraachuu waliigaltichaa yoo amananii ykn foormii ilaalchisee falmiin yoo hin ka'in hoo?
- Himanni waliigaltee foormii kana hin guutin bu'uurefachuun dhiyaatu sababa himannoo(cause of action) ni qabaa?
- Ejjannoo Dh/lj Dhimma 1ffaa irratti qabate waliin akkamitti ilaallama?

- **Dhimmoota 4ffaa, fi 6ffaa : Hiikkoo Seeraa Dh/Ij kana irraa wantoonni sadi ni hubatamu:**
  - ✓ 1**ffaa:**jiraachuun waliigaltee gurgurtaa gareewwan lamaan hanga wal hin waakanneetti waliigaltichi tumaa seeraa kwt. 1723(1) hin guutu jedhame diiggamu akka hin qabnee dha.
  - ✓ **2ffaa:**tuman seera siviili kwt. 1723(1) jalatti formii tumamee yoo hin guutinii fi gareen walfalmitootaa ijoo falmii hanga hin gooneetti mannii murtii kaka'umsa mataa isaatiin kaasuu akka hin dandeenyeedha.
  - ✓ **3ffaa:** waliigalteen gurgurtaa mana qaama waliigaltee waliigalchisuuf aangoo qabu fuula duratti yoo godhamuu baates sababa himannaa kan qabu fi raawwatamu kan danda'u ta'u isaatii.

MARII

- Murtiiwwan dhaddachi kun dhimmoota 3ffaa, 4ffaa fi 6ffaa irratti kenne murtii dhimma 1ffaa fi dhimma 2ffaa(sagalee caalmaatiin)keessatti kenneen wal hin faaleessuu?
  - Ulaagaan kwt.1723 jalatti ibsame waliigalticha bu'uura 1720 tiin "void" ni godha jechuun ejjannoo qabate fooyeessuun "voidable" waan godhe hin fakkaatu?
    - ✓ Sababa himannoo ilaalchisee,
    - ✓ Falmitoonni waliigalteen jiraachuu yoo amanan ilaalchisee,
    - ✓ Darbiinsa yeroo ilaalchisee,
    - ✓ M/M ofumaa kaasuu qabaachuu ilaalchisee,
- **Kallattiin fuulduraa maal ta'uu qaba jettu?**

MARII

- Mormiin foormii ilaalchisee dhiyaatu himannoo bifa kamiin dhiyaatu irrattii dha?
  - ✓ Himannoo akka waliigalteetti akka raawwatuuf dhiyaatu?
  - ✓ Himannoo diiggamiinsa waliigaltichaatiif dhiyaatu?
- SHHL 1809 waliin akkamitti ilaallama?

- **Dhimma 7ffaa: Hiikkoo Seeraa Dh/Ij kenne sagalee caalmaan kenneen:**
  - Gaaffiin bu'uura waliigaltee gurgurtaa manaa raawwatameen mannicha akka dabarsee kennuu inni himannaan irratti dhihaate;
  - waliigalteen akka diiggamuuf himannaan dhiheefatee osoo hin jiraatiin waliigaltichi qaama waliigaltee waliigalchisuuf aangoo qabu ykn mana murtii fuula duratti kan hin godhamneedha jechuun waliigaltichi bu'uura S/S/kwt. 1723 seera qabeessaa miti jechudhaan falmuu hin danda'amu.

MARII

- Murtii sagalee caalmaatii fi sagalee xiqqaan kenname isa kamitu dhamaqabeessa?
- Murtii Dhimma 1ffaa keessatti dhaddachummaan kun kenne waliin akkamitti ilaallama?(void K)
- Murtiin Dhaddachi kun dhimma kanaan kenne ejjanno dhimma 1ffaa keessatti qabate waan jijjiire hin fakkaatu?
- Kallattiin fuulduraa maal ta’uu qaba?

Foormii Waliigaltee Kiraa Qabeenya Hin Sochoonee

- **Ejjaannoo saditu jira:**

Ejjannoo 1ffaa:Waliigalteen kun barreeffamaan ta’uun dirqamaa miti.

- ✓ Barreeffamaan akka ta’u garuu waliigaltoonni waliigaluu ni danda’u.
- ✓ Bu’uura kanaan yoo waliigalan bu’uura SHHL 1727(2) ragaa namaa lama duratti yoo hin ta’in hin ragga’u.

Ejjannoo 2ffaa: Barreeffamaan ta’ee galmeeffamuu qaba.

- Waliigalteen kun bu’uura kew 1723(1) tiin hundeeffamuu qaba.
- Bu’uura kanaan yoo hin taasifamin bu’uura kwt. 1720(1) tiin akka wixineetti waan laakka’amuuf dirqamsiisaa miti;

Ejjannoo 3ffaa:Barreeffamaan ta'uu hin qabu,yoo ta'es waliigaltoonni ifaan yoo irratti waliigalan malee bu'uura SHHL 1727(2) tiin nama lama duratti ta'uun dirqamaa miti.

- M/M/W/F Dhaddachi ijibbaataa Lakk G. 15992 ta'erratti ibsa kenneen
  - ✓ Bu'uura 1719 tiin waltahiinsa dabalatee seerri foormii addaa yoo kaa'e fi hin hordofamin kwt. 1720(1) raawwatiinsa ni qabaata.
  - ✓ Kwt. 1719 – 1730 tumaalee foormii ilaallatan keessatti waliigaltee kiraatiif foormiin addaa seerri kaaye hin jiru.
  - ✓ SHHL 1723 immoo waliigaltee qabeenya hin sochoone irratti godhamu kan bulchuu dha.

- Bu’uura SHHL 1723 tiin foormiin taa’e waliigateewwan qabeenya hin sochooneen walqabatan hundumaa osoo hin ta’in isaan seeraan tarreeffaman qofa kan ilaallatuu dha.
- Isaanis:
  - ✓ Waliigalteewwan mirga abbaa qabeenyummaa hundeessuuf ykn dabarsuuf godhamu, (gurgurtaa, kennaa)
  - ✓ Alaabaa (usufruct) ,
  - ✓ mortgage fi
  - ✓ tajaajila biraa(servitude) dha.

- ✓ Waliigalteen kiraa isaan kanniin jalatti hin kufu.
- ✓ Kwt. 2896 – 3018 waliigaltee kiraa manaatiif foormiin addaa kaaye hin jiru.
- ✓ Kwt. 2898 waliigaltee kiraa manaa barreeffamaan hubachiifamuu akka qabu tumameera.
- ✓ Garuu Keewwatni 2898(3) ragaa namaatiinis hubachiisuun akka danda'amu ibsuun isaa waliigaltichi barreeffamaan ta'uu akka hin qabnee kan agarsiisuu dha.
- ➢ Kew. 1727 (2) raawwatiinsa kan qabu seerri yoo ajaje ykn waliigatoonni ragaa nama lama duratti godhuuf yoo walta'anii dha.
- ➢ Waliigaltoonni barreeffamaan waan godhaniif qofa ragaa nama lama duratti ta'uu qaba jechuun kan isaan hin fedhin ykn irratti wal hin ta'in irratti fe'uu waan ta'eef hiika seeraa fudhatama qabuu miti.

MARII

- **Ejjannoowwan kanniin Keessaa isa kamitu dhama qabeessa?**
- Waliigalteen Kiraa qabeenyaa hin sochoonee barreeffaman ta’ee galmeeffamuu qabaa?
- Waliigalteen fedhii waliigaltootatiin barreeffamaan godhame ulaagaa SHHL 1727 (2) jalatti ibsaman hoo guutuu qabaa?
- **Kallattiin fuulduraa maal ta’uu qaba jettu?**

Foormii Waliigaltee Kennaa Qabeenya Hin Sochoonee

- **Ulaagaawwan waliigalteen kennaa guutuu qabu SHHL 2443 jalatti tumameera.**
  - ✓ Foormii dhaamoon ifaan (public will) iitti godhamu hordofuu qaba.
  - ✓ Bu'uura SHHL 881(2) tiin ragaa nama afur duratti godhamee,isaaniifis dubbifamuu isaa agarsiisuu qaba.
  - ✓ Bu'uura SHHL 882 tiin immoo waliigaltichi qaama gama kanaan aangoo qabu ykn mana murtii duratti yoo ta'e ragaan nama lamaa gahaa dha.

- **Qabatamaan falmiin ka'u:**
- ✓ Waliigalteen kun manni murtii Hawaasummaa gandaa duratti yoo godhame ulaagaa kana ni guutaa?;
- ✓ Ulaagaawwan armaan olii yoo guute ulaagaa SHHL 1723 jalatti caqasame guutuu qaba?
- ✓ Gama kanneeniin addaan baateen manneen murtii jidduutti ni mul'ata,
- ✓ kanaaf isa kamitu sirrii isinitti fakkaata?
- ✓ **Miiltoo 3ffaa,fuula 35-38**

Xiinxala Dhimmaa: Raawwatiinsa kan qabu seera dhaamooti moo? seera waliigaltee kennaati?

- Himatamtoonni M/M/O/N Tigraayitti qabeenya dhaalaa abbaa isaanii akka qoodamuuf himatamtuu irratti himannoo dhiyeefataniiru.
- Himatamtuun deebii isiitiin du'aan lubbuun otoo jiru sanada kennaa "yequum nuuzazee sixootaa" jedhuun nuuf kennee jira;waliigalteen kunis qaama galmeessaa waliigaltee fi ragaatti mirkanaa'eera.Kanaaf qoodachuuf mirga hin qaban jechuun falmitee jirti.
- **"yequum nuuzazee sixootaa"**du'aan godhe kanarratti raawwatiinsa kan qabu tumaalee SHH "waliigaltee kennaa" ilaallatan moo?Tumaalee SHH dhaamoo ilaallatanii dha?
- **Miiltoo 4ffaa ,39-42.**

Foormii Waliigaltee Wabummaa Qabeenya Hin Sochoonee

3. Wabii Qabeenya hin Sochoonee

- **Hundeeffama wabii qabeenya hin sochoonee.**

- Maddi wabummaa qabeenya hin sochoonee sadii dha. Isaanis:
  - ✓ **Seera,**
  - ✓ **Waliigaltee,fi**
  - ✓ **murtii mana murtiiti.**

Ulaagaawwa waliigaltee wabummaa qabeenya hin sochoonee.

I. **Barreeffamaan ta’uu (kwt. 3045(1), 1725 fi 1723**
   - ulaagaa SHHL 1727 guutuu qaba.

II . Qaama waliigaltee fi ragaa galmeessu ykn m/m fuulduratti godhamuu qaba (kew. 1723)

MARII

- Qabatamaan waliigalteen wabummaa ulaagaa kana yoo hin guutin bu’aan isaa maal akka ta’erratti A/seeraa bira addaan baateen ni jira.
  - ✓ A/seeraa tokko tokko waliigaltchi ni ragga’a jedhu,
  - ✓ Isaan kuun immoo bu’uura SHHL 1720 (1) tiin wixinee dha malee bu’aa hin qabu jedhu
- **Ejjannoo isa kamitu dhama qabeessa**? Maaliif ?
- Kallattiin fuulduraa maal ta’uu qaba?

III. Galmee qabeenya hin sochoone irratti galmaa'uu qaba (registration) kew. 3052) fi (1643)

- Qaama 3ffaa fi waliigaltoota irratti gatii kan qabaatu gaafa mana qopheessatti galma'eerra jalqabati.
- Gosa wabummaa qabeenya hin sochoonee hundarrattuu raawwatiinsa ni qabaata.
- Wabummaan kun bu'aa kan qaabaatu qabeenyichi garee biraatii osoo hin dabrin ykn nama biraatiin osoo hin kabajamin galmeen isaa yoo raawwatee dha.(SHHL 3057[1,2])
- Ajajinni wabii fi kabajamni garagara waan ta'aniif qabeenyi tokko namoonni heddu wabiin qabachuu ni danda'u.
- Mirga dursaa murteessuuf barbaachisaa dha
- wabummaan waggaa 10 booda irra deebi'ee yoo galmaa'e malee gatii hin qabu (kew. 3058)

IV. Hangi maallaqaa wabummaaf bu’uura ta’e beekamuu qaba.

- Hangi maallaqaa wabummaaf bu’uura ta’ee fi gosni qabeenyichaa ifaan ibsamuu qaba (kew. 3045 (2) fi (3048)
- **SHHL** 1922 (3) fi 2828(1) waliin ilaaluun ni danda’ama.

IV. wabummaa kennuuf dandeetti barbaachisa (kwt. 3049 ,3050)

- Nama mirga abbaaqabeenyummaa qabeenyichaa garee 3ffaatiif dabarsuu qabu.
- Namni idaa nama biraatiif qabeenya wabiin kennu aangoo qabeenya gurguruu qofa osoo hin ta'in, kennaanis dabarsuuf aangoo qabaachuu qaba.
- Kun immoo,kennaan dabarsuu ilaallatee yoo ta'e malee, mirga abbaaqabeenyummaa qabaachuun barbaachisaa akka hin ta'in agarsiisa.
- Kanaaf namni mana tokko akka gurguru bakka bu'ummaan kennameef manicha wabummaan qabsiisee liqeefachuu ni danda'a jechuu dha.

Foormii Seeraan Ibsame Hordofuu Dhabuu

MARII

- Bu'aan waliigaltee ulaagaa kana hordofuun hin bocaminii maali?
- SHHL 1720(1) jalatti " **..shall be no K but a mere draft**" jedhu waliigaltichi gosa "void" fi "voidable" jedhaman keessaa isa kam jalatti akka kufu agarsiisa?
- SHHL 1720(1) keewwattoota xixiqqaa (2) fi (3) waliin yoo dubbisnu maal agarsiisa?
- SHHL 1808(2) waliin yoo dubbifame seera keenya jalatti waliigalteen "void ab initio" jedhamu ni beekkamaa?
- 3045(1)".....no effect...."jedhu hoo?

- Waliigalteen akka waliigalatti iddoo lamatti qoodamu:

1ffaa: Voidable K;

- ✓ Gaaffii garee tokkootiin yoo diiggame malee bu'aa qabeessa ta'ee tura.
- ✓ SHHL 1811(1) fi 1808(1) kanuma waan ibsan fakkaata.

2ffaa: Void ab initio K:

- ✓ Jalqabumarra seera qabeessaa miti; fuulduraafis seeraqabeessa hin ta'u; raawwii isaatiifis deeggarsa seeraa hin qabu.
- ✓ Mirkaneessuun seera qabeessa ykn bu'aa qabeessa godhuun hin danda'amu. 1811(1)),
- ✓ M/m yoo dhiyaates, falmisiisanii iddoo turanitti akka deebi'an hin ajajamu.
- ✓ Durumaa waan hin jirreef wanti "invalidated" godhamu hin jiru.

Dhimma 5ffaa:

- Sirna kana yoo hordofuu baatee bu'aan isaa maal ta'u akka danda'uu kwt.1808(2) jalatti caqasameera.
- Waliigaltichi sirna barreessaa seericha irratti caqasame hordofuun raawwatamu yoo baate gareewwan keessaa gareen tokko ykn namni faayidaa qabu waliigaltichi akka haqamuuf gaafachuu ni dandaya.
- Haala kanaan, waliigalteen akka diiggamu murtaa'u ni dandaya.
- Bu'aan diiggama waliigalteedha hanga danda'ametti gareewwan lamaan waliigaltichi godhamuun dura iddoo turanitti akka deebi'an gochuu dha.
- Gareewwan lamaan iddoo duran turanitti akka deebi'an hogguu murtaa'u waliigalticha raawwachuuf jecha hojiin hojjatame hundi hafaa fi bu'aa kan hin qabne akka ta'u kwt.1815(1)fi(2) jalatti tumameera.

Dhimma 8ffaa:

- Kara biraatiin garuu, waliigaltichi sadarkaa wixinee irra hogguu jiru gareewwan walta’insa raawwataniin qarshiin kaffalame ykn wanti godhame yoo jiraate waliigaltichi sadarkaa raawwatamuu danda’u hin geenyee;
- Garuu bitaa fi mirga iddoo duraan turanitti deebisuun barbaachisaa dha.
- Kanaaf, waliigaltichi sadarkaa wixinee irra waan jiruuf iyyataan waliigalteen akka naa raawwatamu jechuun gaaffiin dhiheesse fudhatama hin qabu.
- Deebii kennaan qarshii duraan fudhate 50,000 haa deebisuu ….jechuun murteesseera.

MARII

- Murtiiwwan kunniin kwt.1720 jalatti “mere draft” kan jedhu waliigaltichi “voidable” akka ta’e agarsiisa.
- Kanaaf murtii dhimma 1ffaa waliin akkamitti ilaallama?
  - ✓ **Miiltoo 7ffaa Fuula,15-16,**
  - ✓ **Miiltoo 7ffaa Fuula 18-19.**
  - ✓ **Miiltoo 8ffaa Fuula,153-158**
- Kallattiin fuulduraa maal ta’uu qaba jettu?
- **Gaaffiin itti aanu falmitoota iddoo duraan turanitti deebisuun kan hin danda’amne yoo ta’e hoo?**

Dhimma 5ffaa: Waliigaltoota Iddoo duraan turanitti deebisuun yoo dhibe hoo?

- Akka qajeeltooti hir’inoonni yoo muudatan waliigaltichi diiggamee gareewwan lamaan iddoo duran turanitti kan deebi’an ta’uus bu’uura kwt.1817 tiin hir’inni jiraatuus haala waliigaltichi itti ragga’uu danda’u ni jira.
- Waliigaltichaa fi raawwii waliigaltichaaatiif hojiiwwan hojjataman garaagara akka ta’an tumaa seeraa kana irraa hubachuun ni dandayama.
- Kanaafuu, waliigalticha mataa isaatiin gama tokkoon; waliigalticha raawwachuuf gochaawwan raawwataman gama biraatiin addaan baasanii ilaaluun barbaachisaa dha.

- Gareewwan hir’ina hayyamaa; dandeetti dhabiinsaan ykn sirna barreessaa seerichi ajajuu osoo hin hordofin waliigaltee kan godhan ta’uu ni danda’a.
- Waliigaltee hir’ina qabu kana raawwachuuf hojiiwwan adda addaa kan raawwatan ta’uus ni danda’u.
- Haa ta’u malee, waliigaltichi sababa itti ragga’uu hin dandeenyee ibsuudhaan waliigaltichi akka diiggamu hogguu gaafatan waliigaltee hir’ina qabu kana raawwachuuf hojiiwwan raawwataman diiguun gonkummaa kan hin danda’amne ykn guufuu ol’aanaa ykn haallii rakkisaa itti ta’u ni jiraata.

- Hogguu kana akkuma gubaatti caqasame abbootiin seeraa murteessu kan qaban bitaa fi mirga iddoo duraan turanitti akka deebi’an osoo hin taane hojiiwwan raawwataman akkuma ragga’anitti akka turanii dha.
- Tarii iddoo duraan turanitti deebiisuun waan hin danda’amneef miidhaan gahe yoo jiraate haala miidhaa beenyaatiin ykn M/M ajaja ykn murtii furmaata ta’uu mala jedhu kennuun wal qixeessuu ni dandaya.
- Kana waan ta’eef, sababni waliigalticha diigsisuu danda’u hogguu uumamu murtiin waliigaltichi diiggamee bitaa fi mirga iddoo duraan turanitti deebisuu kennamuu kan qabu waliigalticha raawwachuuf hojiin hojjatame hafaa gochuu kan danda’amu yoo ta’e qofaa dha.

- Bu’uura kanaan Iyyataan bara 1994 qarshii miliyoon jahaa fi walakkaa kaffaluudhaan deebii kennaa irraa fooqicha harkaan gahaateera.
- Erga fooqicha harkaan gahaateen booda hojii inshuraansii hojjachuuf fooqicha irratti hojii adda addaa hojjateera.
- Akkasumas, tajaajila konkoolaatoonni itti dhaabataniif oolu iddoo dabalataa bituun itti dabaleera.
- Qarshiin dura kaffalame sababa laamsha’uu gatiitiin waliigaltichi diiggamee qarshii deebi’uu waliin kan walgitu ta’uu waan hin dandeenyeef waliigalteen gurgurtaa foormii hordofuu dhabuu isaatiin qofa kan diiggamu yoo ta’e gareewwan lamaan iddo jiranitti deebisuu kan hin danda’amne godha.

Xiinxala Dhimmaa :Diiggamiinsaan garee haala waliigalteen duraatti deebisuun yoo dhibe hoo?

- Dhimmi kun Dh/Ij/M/M/W/F tiin lakk.G. 15551 ta'erratti murtii kan argatee dha.
- Himataa fi himatamaan waliigaltee gurgurtaa konkolaataa godhanii himatamaan laaysansii isaatii konkolaatichi biyya alaatiin fidee itti gurguruuf waliigalaniiru.
- Konkolaatichi erga seeneen booda danbii lakk.12/88 cabsuun kaffaltii sharafa biyya alaa malee seeraan ala seente jechuun Gumruukiin qabamtee mootummaan waan dhaalamteef himataan waliigaltichi diiggamee mallaqni kaffale dhala wajjiin akka kaffalamuuf M/M/S/D/F tti himateera.

- **M/M/S/D/F**
  - ✓ waliigalteen danbii lakk.12/88 kan cabse seera dhabeessa waan ta'eef bu'uura SHHL 1716(1) tiin diiggamaa dha.
  - ✓ Kanaaf himatamaan bu'uura SHHL 1815(1) tiin himataaf kaffaltii seerummaa bu'uura taarifaatiin, maallaqa himanni itti dhiyaatee fi durgoo tajaajila abukaattoo waliin haa kafalu jechuun murteesseera.
- **M/M/O/F** gama isaatiin
  - ✓ Waliigaltichi diiggamuun isaa sirriidha; garuu bu'uura SHHL 1815(1) tiin iddoo waliigalteen duraatti deebi'uu kan qabu himataa qofaa miti;
  - ✓ Himatamaanis iddoo waliigalteen duraatti akka deebi'u himataanis konkolaaticha jibuutiitti haa deebisu jechuun murteesseera.
- **M/M/W/F** murtii kana cimseera.

- **Dh/Ij/M/M/W/F gama isaatiin:**
  - ✓ waliigalteen diiggamuun isaa fi maallaqni himataaf akka kaffalamu murtiin M/M jalaatiin kenname sirrii dha.
  - ✓ Garuu bu'uura SHHL 1815(1) tiin konkolaataa mootummaan dhaalame himataan jibuutiitti haa deebisu jechuun waan danda'amuu miti; yoo danda'ames rakkisaa dha.
  - ✓ Tumaaleen kwt. 1816 fi 1817 tumaa kwt.1815(1) tiin adda (special) ta'an furmaata ni kaa'u.
  - ✓ Bu'uura SHHL 1817(1) tiin hojiiwwan sababa waliigalteetiin raawwataman diiguun kan dhibu (rakkisu) yoo ta'e ykn hin danda'amne ykn immoo gufuu fi dhamaatii ol'aanaa kan uumamu yoo ta'e hojiiwwan kunniin akkuma hojjatamanitti ragga'uun ni turu.
  - ✓ Kanaaf konkolaatichi Jibuutitti haa deebi'u jechuun murtii kenname sirrii miti jechuun diigeera.

MARII

- Murtii manneen murtii kana akkamitti ilaaltu? SHHL 1788 waliin akkamitti ilaallama?
- Bitaa fi mirga haala kamiin iddoo waliigalteen dura turanitti deebisuun danda'ama jettu?
- Yoo hin danda'amne hojiiwwan sunniin ragga'uun bu'aan isaa maali? Fkn himatamaaf baasiin konkolaatichaa biyya alaatii seensisuuf baase kaffalamuufii hin qabu jechuu dhaa?
- Diiggamiinsi waliigaltee sababoota kwt 1808(1) fi kwt 1808(2) tiin taasifamu bu'aan isaanii tokko jettanii yaadduu? Maaliif?
- **Miiltoo 9ffaa, Ful; 140-145.**

Darbiinsa Yeroo Gaaffii Diiggamiinsaa

- Diiggamiinsi waliigaltee waggaa lama keessatti gaafatamuu akka qabu SHHL 1810 jalatti tumameera.
- SHHL 1810 (1) jalatti "..**2 yrs from the ground for invalidation having disappeared"** jedha.
- Kwt.1810 Xiqqaa (1) fi (2) waliin hogguu dubbisinu waa'ee umrii waan ibsuuf ulaagaa dandeetti qofa waan ilaallatu fakkata.
- Waraabbiin Afaan Amaaraa SHHL 1810(1)**"wuluu yemayregaabbet mikiniyaat keqerebet gizee jammiroo**" jedhus dandeetti , hanqina eeyyamaa,fi dirqii qofa waan ilaallatu fakkaata.
- SHHL 1810 kwt. 1811 ,fi 1808(1) waliin gaafa ilaallu ulaagaa eeyyamas waan dabalatu fakkaata.
- Kanaaf bu'uura kanaan diiggamiinsi sababa hanqina eeyyamaa fi dandeetti wagga lama keessatti gaafatamuu qaba.

MARII

- Kun diiggamiinsa waliigaltee seeraan alaa, faallaa safuu,fi foormii seeraa hin hordofin hin ilaallatu jechuu dha?
- Darbiinsi yeroo diiggamiinsa bu'uura SHHL 1808(2) irratti raawwatiinsa qabu SHHL 1810 moo?1845 nii dha?
- Moo waliigalteen hanqina SHHL 1808(2) jalatti caqafame qaban yeroo kamiiyyuu diiggamuu ni danda'u jechuu dha?

Dhimma 3ffaa

- Falmiin bitaa fi mirgaan ka’e formii kan ilaallatu waan ta’eef kan haguugamu kwt.1808(2) osoo hin taane kwt.1845 irratti darbiinsa waggaa 10 tumameeni.
- Dhimmi kunis kan dhihaatee waggaa 10 booda.
- Kanaafuu, M/M kana osoo hin hubatin mormii darbiinsa yeroo bira darbuudhaan murtiin kennan dogongora seeraa bu’uuraa qaba.
- Kanaaf himanni iyyattuu waliigalteen naa haa diiggamu jedhu darbiinsa yeroo waggaa 10n hafaa ta’eera.
- **Murtiin kun bu’uura seeraa ni qabaa?**
- **Kallattiin Fuulduraa maal ta’uu qaba jettan?**
- **Miiltoo 7ffaa,Fuula 18.**

MARII

- Garaagarummaan Diiggamiinsaa fi Haqamiinsa Waliigaltee Maali?
- Qabatamaan rakkoon gama kanaan mul’atu maalii dha?

Galata Argadhaa!!!!